



## WAKTII COVID-19 TTI TAPHA ITTI GAAFATAMUMMAA QABU

### **HAWAASA KEENYA FAYYA-QABEESSAA FI NAGA QABEESSA AKKA TA'U EEGUU.**

Fayyaanii fi nageenyi uummataa barbaachisaadha. Tapha yookiin badhaasa kaamiyyuu caalaa barbaachisaadha.

Namoota COVID-19 irraa eeguuf waajjiroota keenya naannoo Everett, Federal Way, Spokane, Vancouver, and Yakima keessatti argaman cufnee jirra. Akkasumas buufata xiyyaaraa fi man-kuusaawwan xixiqqaa fi waajjira Lotarii isa muummicha Olompiyaatti argamu cufneerra. Kun yeroo murtaa'e qofaaf.

Ammuma iyyuu Lotarii taphachuu ni dandeessu. Tikkeettiiwwan man-kuusaawwanii fi maashinoota tikkeettii gurguran irraa bitachuu ni dandeessu. Tikkeettii bituu kan qabdan yeroo wantoota biro bittan qofaa ta'uu qaba.

Mo'attoonni rakkoo tokko malee badhaasa isaanii argachuu danda'u. Namoonni \$600 gadi mo'atan badhaasa isaanii man-kuusaawwan tikkeettii lotarii gurguran irraa fudhachuu danda'u. Badhaasota \$601 hanga \$100,000 jiraniif, taphattoonni tikkeettii ittiin mo'atan gara Lotariitti erguu ni danda'u. Odeeffannoon akkaataa tikkeettiin ittiin ergamu asii gaditti akkasumas marsariitii keenya irratti argama. Osoo hin ergin dura tikkeettiiwwan hunda mallatteessuu qabdu. Mo'attoonni tikkeettii abbaa \$100,000 yookiin isaa olii waajjira muummicha Olympiatti argamu dhaqanii badhaasa fudhachuuf beellama qabsiifachuudhaaf Waajjira Giddu Galeessa Lotarii tti bilbiluu qabu.

Washington's Lottery taphachuu keessaniif galatoomaa. Naannoo Washington keessatti odeeffannoo dabalataa waa'ee COVID-19 argachuudhaaf maaloo marsariitii Department of Health (Muummee Fayyaa) ilaalaa.

# **GAAFFIILEEN IRRA DEDDEEBIIN GAAFATAMAN KAN HAAREFFAMAN 03.26.20**

## **Waajjiroora keessan maalif cuftu?**

Nageenya hawaasa fi hojjetoota keenyaa eeguf Washington Lottery waajjiroota keenya cufee jira. Buufata xiyyaaraa, mooliiwwan man-kuusaa, waajjirota keenya kan naannoo hunda (Everett, Federal Way, Spokane, Vancouver fi Yakima) akkasumas waajjira Lotarii Olympiatti argamu cufnee jirra. Kun yeroo murtaa'e qofaafi.

## **Kana jechuun Washington's Lottery ni cufama jechuudhaa?**

Lakki. Ammayyuu hojjetaa jirra; akkasumas taphoota hundumaaf tikeetii gurguraa jirra. Carraa buusuun akkuma barametti itti fufa.

## **Waajjironni hundinuu ni cufamuu?**

Waajjironni fi mooliiwwan naannolee hundi akkasumas man-kuusaawwan buufata xiyyaaraa cufamanii jiru. Waajjiri muummee Lotararii Olympiyaatti argamu tajaajila bilbilaa fi ergaatii banaadha. Uummataaf cufaadha.

## **Tajaajilota maal fa'aan argachuu danda'a?**

Yeroo cufamanii jiranitti waajjiroonni naannoo tajaajila homaatuu hin kennan. Taphattoonni tikkeettiwwan mirkaneeffachuu fi man-kuusaawwan tikkeettiwwan lotarii gurguran barbaadudhaaf appilikeeshinii moobaayilii kan Lotarii fi marsariitii fayyadamuu danda'u. Man-kuusaawwan tokko sa'aatii hojii isaanii waan jijjiiraniif taphattoonni sa'aatii hojii man-kuusaawwanii ilaaluu qabu. Tikkeettiwwan bituu yookiin deebifachuu kan qabdan yeroo wantoota akka nyaata fi boba'aa bittan qofa ta'uu qaba. Man-kuusaawwan heddu ammayyuu tikkeettiwwan ni gurguru, ni ilaalus akkasumas kanneen \$600 fi isaa gadi mo'ataniif kaffaltii ni raawwatu.

## **Lotariin ammayyuu carraa ni buusaa?**

Eeyyee. Jaakpootiwwan, lakkoofsa carraan baheef fi guyyaan carraan itti bahu appilikeeshinii moobaayilii yookiin marsariitii keenya irraa argachuu ni dandeessu.

## **Taphoota yookiin sagantaa carraa buusuu irratti jijjiiramni ta'e jiraa?**

Ammatti jijjiiramni homaatuu hin jiru.

## **Namoonni mo'atan badhaasa isaanii fudhachuuf hammam itti fudhatu?**

Man-kuusaawwan Lotarii tikkeettiwwan carraan bahe kan gatiin isaanii \$600 yookiin isaa gadii ni kaffala. Man-kuusaawwan akkuma yeroo hunda godhu tikkeettiwwan kanaaf yoosuma kaffaltii raawwata. Taphattoonni tikkeettii ittiin mo'atan \$601 hanga \$100,000 poostadhaan fudhachuu danda'u. Tikkeettii \$100,000 yookiin isaa oliif tapahttoonni beellama qabsiisani qaan dhaqanii fudhachuudhaf waajjira Lotarii giddu galeessa Olympiatti argamutti bilbiluu qabu. Mo'attoonni badhaasa isaanii fudhachuudhaaf guyyoota 180 qabu. Hanga Waajjiri keenya Naannoo banamutti, mo'attoonni durduuba tikkeettichaa irratti mallatteessun bakka sirrii kaa'uu malu.

## **Taphataan tokko tikkeettii man-kuusaa kaffaluu hin dandeenyee yoo mo'ate maaltu ta'a?**

Waajjiri Lotarii inni muummichi Olympiatti argamu tikkeettii mo'ate kan ergame ni raawwata. Mo'attoonni dudduuba tikkeettiitti mallatteessun qajeelfamoota dudduba tikkeettichaa irratti argamu hordofuu qabu. Mo'attoonni badhaasa isaanii fudhachuudhaaf guyyoota 180 qabu. Hanga Waajjiri keenya Naannoo banamutti, mo'attoonni durduuba tikkeettichaa irratti mallatteessun bakka sirrii kaa'uu malu.

Taphataan tokko tikkeettii \$100,000 yookiin isaa ol ittiin mo'ate yoo qabaate, beellama qabsiisanii qaaman dhaqanii fudhachuudhaf waajjira Lotarii giddu galeessa Olympiatti argamutti bilbiluu qabu.

**Tikkeettii ittiin mo'atan erguudhaaf qajeelfamoonni jiran maal fa'i?**

Mo'attoonni qajeelfamoota dudduuba tikkeettii irra jiru hordofuu qabu. Tikkeettonni teessoo kanatti ergamuu danda'u: Washington Lottery Headquarters, P.O. Box 43050, Olympia, WA 98504-3050. Guyyaan dhuma 180 osoo hin gahin Lotariin tikkeettota fudhachuu qaba. Guyyaa dhumaatti tikkeettii poostaa keessa gochuun sirrii miti.

**Tikkeettii kiyya karaa poostaa seera qabeessa ta'ee erguun qabaa?**

Tikkeettii keessan karaa poostaa seera qabeessa ta'ee erguu ni dandeessu; garuu barbaachisaa miti. Osoo hin ergin dura mo'attoonni tikkeettii isaanii duudduba tikkeettii isaanii irratti guutuu qabu.

**Tikkeettiin ittiin mo'adhe osoon hin ergin dura suura kaasuun qabaa?**

Ni barbaaddan taanan tikkeettii ittiin mo'attan suura kaasuu ni dandeessu. Badhaasa mo'achuudhaaf tikkeettii isa sirrii qabaachuu qabdu.

**Tikkeettiin ittiin mo'adhe yoon erge, badhaasni/qarshiin koo yoosuma na qaqqabaa? Yookiin hanga isin bantanitti eeguun qabaa?**

Tikkeettiwwan mo'tan karaa poostaa raawwanna. Suni hin jijjiiramne.

**Tikkeettii ittiin mo'atan fudhachuudhaaf guyyaan xumuraa jiraa?**

Eyyee. Guyyaa carraan bahee kaasee (taphoota carraan itti baheef) yookiin xumura taphootaa (*Tikkeettiwwan faaqamaniif*) Lotariin tikkeettiwwan mo'atan guyyoota 180 keessatti fudhachuu qaba.

**Tikkeettii ittiin mo'adhe kan guyyoota 180 hin guunne garuu immoo gaafa poostaa bantanitti guyyoota 180 yookiin isaa ol guutu kan danda'u yoon qabaadhe hoo?**

Lotariin tikkeettiwwan ittiin mo'atan guyyaa dhume durse fuudhuu qaba. Guyyaan dhuma yoo xumurame, xaphattoonni baay'een tajaajila hatattamaa yookiin guyyaa dhuma Sanaa fayyadamu.

**Guyyaa dhuma kan 180 sana ni dheeressituu?**

Jijjiiramni kun qajeelfama yeroo muddamaa barbaada. Tikkeettii mo'ateef karaa poostaa kaffaltii waan raawwannuuf guyyaa dhuma 180 hin dheeressine. Murtoo kana booddee jijjiiruu dandeenya.

**Maashinoota Lotarii Gurguran akkamitti qulqulleessaa jirtu?**

Man-kuusaawwan Maashinoota Lotarii Gurguran qulqulleessuu qabu. Hojjattoonni Lotarii yommuu tikkeettiwwan bakka buusan Meeshaalee Gurguran qulqulleessuu danda'u.

**Appilikeeshiniin moobayilii WA Lotarii hojii itti fufuun yeroo yeroon haareffamuu ittuma fufaa?**

Eyyee, appilikeeshinichi ammayyuu hojjataa jira.

**Ammayyuu Badhaasaf/Qarshiidhaaf appilikeeshinicha keessaa Qabxiilee argachuu nan dana'aa?**

Eyyee, ammayyuu Badhaasaf Qabxiilee aragchuu fi fudhachuu ni dandeessu.

**Appilikeeshinicha keessa ammayyuu tikkeettii ittiin mo'atan ilaaluu nan dan'aa?**

Eyyee, appilikeeshiniin moobayilii WA Lotarii fayyadamuudhaan ammayyuu tikkeettiwwan ilaaluu ni daneessu.